



# Karooraan Hojjechuu

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>



# Karooraan Hojjechuu

Kutaa 3



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ◆ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ◆ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaanis akka walyaadachiisan taasisi.
- ◆ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ◆ Dhumarratti, gaaffilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaaffilee dubbisuun duraa

1. Maatiin kee hojii isaanii yoom yoom hojjetu?
2. Ati barumsa kee yoom yoom qo'atta? Yeroo kanarra qo'achuu maallif filatte?
3. Bu'aan sagantaan hojjechuu maali?



## Karoora Taphaa

Dhaabaafi Gudureen obbolaadha. Obbolaan kun lamaan kutaa sadii baratu. Barattoonni kun mana barnootaattis ta'e hawaasa biratti baay'ee jaallatamu. Jaallatamuun barattoota kanaa kan maddes yeroo isaaniitti haalaan fayyadamuu irraayyi.

Dhaabaafi Gudureen hojii isaanii karooraan hojjetu. Karoora isaanii kanas torbee torbeetti madaalu. Qabanni isaas akka karoorfatanitti hojii isaanii raawwachuufi dhiisuu isaanii adda baasanii mirkaneeffachuufi.

Karoorri Dhaabaafi Gudureen baafatan bakka lamatti qoodama. Isaanis karoora mana barnootaatiin alatti ittiin hojjetaniifi karoora isaan mana barnootaatti ittiin hojjetanidha. Karoora bakka lamaaniif baafatanis haalaan itti gargaaramu.

Dhaabaafi Gudureen sa'aatii guyyaa tokko keessa jiran hojiiwwan garaagaraatiif qoqqoodan. Hojiiwwan isaanii kunis tapha, nyaata, maatii gargaaruufi qu'achuudha. Qabiyyeewwan kunniin hundi isaaniyyuu akka barbaachisummaa isaaniitti yeroon isaan gahu qoqqoodameef.

Yeroon Dhaabaafi Gudureen taphaaf qaban murtaawaadha. Kunis kan isaan guyyoota mana barnootaa deeman taphataniifi kan isaan guyyaa boqonnaa, Sanbata duraa taphatan jedhamuun bakka lamatti qoodamee karoorfame. Yeroon isaan guyyoota mana barnootaa deeman keessaa taphaaf qaban yeroo hunda waaree booda.

Yeroon taphaa Dhaabaanfaa waaree booda qaban kun erga mana barnootaatii deebi'anii booda ta'a. Kunis mana keessa taa'anii durduriifi qoosaa addaa addaa walitti himaa, telveeizyiinii daawwachaa torbee keessaa guyyoota sadiif taphatu. Yeroon isaan tapha kanaaf ramadanis sa'aatii tokko.



## Karoora Qu'annaa

Dhaabaafi Gudureen guyyoota lamaafi gaafa Sanbata duraa ijoollee ollaa waliin gara dirreetti bahuun taphatu. Kan dirree isaan itti bahan keessatti taphatamu kubbaa saaphaanaafi kubbaa miillaati. Barattoonni kun lamaan garuu kubbaa miilla taphachuu jaallatu.

Guyyoota hojii lamaan keessatti yeroon isaan tapha dirreetiif qabatan sa'aatii tokko.



Yeroon isaan guyyaa Sanbata Xiqqaaf qabatan garuu sa'aa tokkoofi walakkaadha. Sa'aatiin isaanii kun geenyaan osuma ijoolleen ollaa taphachaa jiranii dhiisanii gara manaatti galu. Dhaabaafi Gudureen akkuma taphichaa dhufaniin fuulaafi harka isaanii dhiqatu. Sana booda dabtaraafi kitaaba isaanii fudhatanii bakka itti qu'atan deemmu. Bakki isaan itti qo'atan ammoo dhaabbataa miti. Yoo fedhan manatti, yoo fedhan ammoo bakkee deemanii muka jalatti qo'atu.

Yeroo qo'atan kanas qaamaanis ta'e sammuun xiyyeeffannoon isaanii waan qu'atan sanarratti ta'a. Sa'aatii qo'annaaf qabatan sana waan biraa hinyaadan; waan biraas hinhojjetan. Tooftaan qu'annaa isaaniis dura dhuunfaa dhuunfaatti booda

garuu waan isaanii hingalle walqu'achiisuutti deebi'u.

Kana malees, lamaan isaaniyyuu akkuma isaanii galetti waan qu'atan keessaa gaaffiilee baasuun dabareen walgaafatu. Gaaffiilee walgaafatan keessaa meeqa akka deebisaniifi meeqa akka dhaban nigalmeeffatu. Sana booda, gaaffiilee dhaban sana irra deebi'anii walqu'achiisu.

Sa'aatii qu'annaaf qabatan keessaa muraasni ammoo yeroo hojmanee itti hojjetanidha. Hojmanee isaaniis dura dhuunfaatti hojjetu. Ittaansuun, mirkaneeffannaaf walitti fidu. Kana keessattis yaada adda addaa kaasuun waliin mari'atu. Ragaalee dhiyeessuunis walamansiisu.



## Karoora Maatii gargaaran

Dhaabaafi Gudureen yeroo maatii isaanii hojii gargaaraniifis karoorfatanii jiru.

Akkuma karoora isaaniitti kan isaan maatii isaanii gargaaranis yeroo qu’annaa isaniitiin boodaafi guyyaa Sanbataati. Ijoolleen kun looniifi bushaayee galchuun maatii isaanii gargaaru. Kana malees, mana haruu ollaa buna waamuunis nigargaaru.

Guyyaa Sanbataa garuu waanuma isaan barbaadan hunda hojjetu. Kanas kan raawwatan yeroo taphaaf qabatan booda. Dhaabaafi Gudureen guyyaa kanatti akkuma taphaa deebi'aniin qaama isaanii dhiqatu.

Erga qaama isaanii dhiqatanii boodas ciree nyaatu. Sana booda, yoo maatiin isaanii gabaatti ergatan gabaa dhaquuf. Yeroo isaan qoraanitti ergatanis qoraan funaanuuf. Kana malees, meeshaa mana keessaa dhiquunis maatii isaanii nigargaaru. Gaaf gaaf, garuu, maatii isaaniitiif loon tiksu. Yeroo loon tiksan kanas akka isaan midhaan namaa hinyaanne of eeggannoo guddaa taasisu. Loon eegaa nitaphatu.

Garuu akka ijoollee ollaa isaanii taphaan qabamanii bakka loon jirtu hindagatan. Kunis sagantaan isaanii inni guddaan tapha osoo hintaane, loon tiksuu waan ta'eef.

Ijoolleen kun hojiin isaanii hundinuu akkuma sagantaatti akka deemuuf barbaadu.

Sagantaa isaanii wanti tuqu yoo jiraate, garuu, maatii isaanii mariyachiisu. Qabanni isaa sagantaa ijoolleen kun ittiin hojjetan baasuu keessaa maatiin isaaniis gahee qabu turan. Kanaafuu, akkuma maatii isaaniitiin mari'atanii saganteeffatan, rakkoos ta'e dhimma gidduun dhufuuf maatii isaanii mari'achiisu.



## Karoora Huccuu Miiccachuu

Dhaabaafi Gudureen waan guyyaa Dilbataa hojjetaniifis karoora qabu. Guyyaan kun ammoo yeroo isaan maatii isaanii waliin miiccaarratti bobba’anidha. Akka naannawa isaaniitti huccuun kan miiccamu bishaan lagaatti. Dhaabaafi Gudureef karoora haata’u malee, Dilbata namoonni ollaa isaanii hedduun lagatti walga’u.

Guyyaa Dilbataa namoonni laga sanaa walga’anii uffata miiccatu. Haaluma kanaan, Kaan nimiiccu; Kaan nicuunfu; kaan ammoo wayyaa miiccamee cuunfame afu. Bakka sanatti wayyaan kan afamu qarqara lagaa sana mukkeen jiranirratti.

Gariin namootaa ammoo muka dhaabuun funyoo itti hidhanii achirra huccuu isaanii afatu. Dhaabaa, Gudureefi maatiin isaaniis funyoo huccuu miiccatan irra afatan qabu. Ijoolleen kuniifi abbaan isaanii qarqara lagichaa kal’ee afatanii achirratti huccuu isaanii miiccu. Isa miiccan ammoo funyoo muka dhaabaman lamaanitti hidhamee jirurra afatu. Walgargaaranii waan hojjetaniif, yeroo gabaabduu keessatti huccuu isaanii miiccatanii xumuru.

Dhaabaafi Gudureen abbaa isaanii waliin huccuu miiccaatan fudhatanii manatti galu. Huccuu isaanii keessaa warra gogan addaan baasanii manatti galchu. Kanneen hingogne ammoo mana isaanii bira funyoorra afatu. Yeroo ijoolleefi abbaan isaanii huccuu miiccarii dhufan haati isaanii ammoo laaqanaafi buna qopheessitee eegadi. Laaqana nyaatanii bunas dhugu.

Dhaabaafi Gudureen erga laaqana isaanii nyaatanii booda maatii isaanii waliin televiiziyinii daawwachuu eegalu. Daawwatanii yeroo sa'aatiin isaanii gahus gara qu'annaatti deebi'u. Yeroo muraasa keessatti bifa gaaffiifi deebiitiin waan torbee darbe keessatti baratan walyaadachiisuun hojmanee isaaniis xumuru.





## Bu'aa Karooraan Gaggeeffamuu

Dhaabaafi Gudureen karoora isaanii hojii mana barnootaatiin alaatiin nimilkaa'an. Milkaa'inni isaan mana barnootaatiin alatti argatan kun ammoo isa mana barnootaa keessaas nimilkeesse. Karoorri ijoolleen kun mana barnootaa keessatti waan hojjetan irratti qaban kan isaan manatti hojjetan irraa waan ittiin adda ta'u qaba.

Dhaabaafi Gudureen yeruma hunda ganama sa'aa lamatti mana barnootaa isaaniitti argamu. Maatiin ijoollee kanaa ganamaan ka'anii ciree isaanii laachuufiin akka isaan yeroodhaan mana barnootaa dhaqan taasisu. Ijoollittiinis osoo sa'aa lama hinta'in mooraa mana barnootaa keessatti argamu. Dabtara isaaniis daree keewwatanii gara sirna alaabaatti deebi'u.

Mana barnootaa isaanii keessattis naamusa gaarii qabu. Daree keessatti yeroo baratan waan isaanii hingalle gaafachuufi waan gaafataman nideebisu. Yeroo hunda waan itti qophaa'aniif gaaffiin isaanitti ulfaatu hinjiru.

Yeroo boqonnaa isaaniittis haalaan gargaaramu. Yoo barsiisaan akka tasaa daree dhufuu baatellee, dabtaraafi kitaaba isaanii dubbisu.

Ijoolleen daree isaaniis wacuu dhiisanii akka kitaabaafi dabtara dubbifatan gorsu. Daree keessatti walii isaanii wajjin osoo hintaane, garee adda addaa keessa taa'uun dubbisu.

Ijoolleen daree isaanii baay'een isaaniis akka jaraa ta'uu yaalu. Akka jaraatti qu'achuufi akka jaraatti deebii deebisuu shaakaluu eegalan. Hunda keessaa barattuu Guuteen jara fakkeenya taasifachuun barumsa ishiitti haalaan cimtuu taate. Guuteen mudaa qaroo waan qabduuf wanti gabatee gurraacharratti barreeffamu itti hinmul'atu ture. Dhaabaafi Guduree waliin waan teessuuf, nidubbisuuf turan.

Guuteen Yeroo isaan mana barumsaa keessatti qu'atanis jaruma waliin qu'atti.

Ijoolleen kun sadan yeroo mana barumsaatii bahanis asii achi osoo hingorin manatti galu. Yeroo isaaniitti fayyadamuufi naamusa gaarii qabaachuun Dhaabaa, Gudureefi Guutee namoota hundatu bare. Kanaafuu, mana barumsaattis ta'ee isaan alatti fakkeenya gaarii ta'uun isaanii qalbii namoota baayyee hawwate.


Dhaabaa, Gudureefi Guuteen akka daree isaaniittis ta'e akka mana barnoota isaaniitti barumsa isaanii qabxii olaanaa galmeessisuun xumuran. Maqaafi suurri ijoollee kana sadaniis mooraa mana barnoota isaanii keessatti bakka garaagaraatti maxxanfame. Xumura bara barnootaatti bakka maatiin isaanii jiranitti ijoolleen kun badhaasa fudhatan. Badhaasni isaan argatanis akaakuu garagaraa qaba.

Ijoolleen kanneen qabxii olaanaa waan galmeessaniif jechaa, dabtaraafi qubeessaa argatan. Hundaraatti duraa duubaan hanga sadaffaatti bahuun ammoo badhaasa maallaqaa argatan. Hojiin isaanii kun kan isaan gammachiises maatiin barattootaa qarshii hedduu kennaniif. Akkanaa ijoolleen yeroo isaaniitti haalaan fayyadamaniifi naamusa qaban hawaasa naannawa sanaatiif fakkeenya gaarii ta'an.




## Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Dhaabaafi Gudureen daree isaaniitti qabxii olaanaa galmeessisuuf kan isaan gargaare maali?
2. Sagantaan qu'annaa dhaabuufi guduree yoom yoomii?
3. Ati yeroo kee karooraan itti fayyadamtaa? maaliif?

Sorhan 1  
Kulaa 1



### Dhukkuboota Daddarboo

Sorhan 4  
Kulaa 2




### Ollaa Gaarii









Sorhan 7  
Kulaa 2






### Akaakuu Afoolaa


Sorhan 8  
Kulaa 2






### Kan Duraarra Kan Ammaa


Sorhan 9  
Kulaa 2






### Faaruu Loonii


Sorhan 10  
Kulaa 2






### Obbolaa Yeroo Isaaniitti Fayyadaman


Sorhan 13  
Kulaa 2






### Nageenya Tiraafikii


Sorhan 17  
Kulaa 2






### Abbaa Coqorsoo


Sorhan 23  
Kulaa 2



### Qonnaa, Utubaa Jireenyaa

Sorhan 24  
Kulaa 2



### Meeshaalee Qonnaa

